20- ETHOPIAN (OROMOO) | (2/6) مفهوم الإله في الإسلام

Hiikkaa

# Waaqaa (Gooftaa)

Islaamummatti

For a complete list of flyers click here
or visit us online

www.**islamic**ic.com/flyers

سبيلك للسلام

*Your Path To Peace..*

## Hiikkaa

# Waaqaa (Gooftaa)

## Islaamummatti

20- ETHOPIAN (OROMOO) | مفهوم الإله في الإسلام (2/6) | FREE COPY

# Wanti Rabbii waa Uume caalu tokkollee hin jiru.


جمعية دار البر
Dar Al Ber Society
www.daralber.ae

*Your Path To Peace..*

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام
www.islamicic.com

تصريح رقم: (2017/139) دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري

# Waaqni jiraa?

Wantoonni Waaqatti akka Amanuu nutaasisan (jireenna Rabbii nuuf mirkaneessan) baay'etu jiran, Asigaditti wasalphaa ibsamani jiru:

## 1. Seera Uumamaa (Order of the Universe)

Akkaa waan mogga bahraa deemaa jirtutti tilmaami, osoo deemaa jirtu biiyyee (Ashawa) irratti sa'ati seerumaan hijjattu argite, sa'tiin kuni bifa kanaan ufumaa ufitti walqindeessite jette amantaa?Saa'atiin kuni waa malee biyyee takki ashawa kanarra tasuma uumamte jettee hin murteessitu. Seerrii isin itti hojjattu meeshaan garagara ashawama kanarraa watokko malee akkanatti qindeeffame jettee sammuun siin fudhattu, wanta isii oomishetu jira. Warshaan isii hojjatu jiraachuun dirqama tay. Yoo seeraan hojjatte, warhaan isii oomishe (namni isii tolchee faxina nama akkaan sammuu qabu tayuu mirkaneessita. Tasa argamiinsi sa'ati seeraan hojjattu tana hin oomishu.

Planeti lafa teenna xiinxallimee. Yeroo seera murtaayeen Aduu irraa naannoytu, Bayiinsa Aduutiifi seensa isii yeroo murtaaya irratti tayuu kan sayitistoonni yeroo shallagama murtaaya seera-qabeessa tayuu mirkaneessaan. Akkuma sa'ati reefu nama sammuu gaari qabuun tilmaamamte tolfamtee seeraan hoojattu san saganta isii san beekaan tolchetti seerri dachii teennaa kunis kan sagntaa gonkuma seera qabeessaan shallagamee tolfame tayuu, beekaan beeka hunda caalu shallage like bareechee tilmaame akkaa isiin seera murtaaye tooyatamuun tolchamuu ibsa. Ega seerri kun ufumaan tayee argameeree?

Planeti lafa teenna xiinxallimee. Yeroo seera murtaayeen Aduu irraa naannoytu, Bayiinsa Aduutiifi seensa isii yeroo murtaaya irratti tayuu kan sayitistoonni yeroo shallagama murtaaya seera-qabeessa tayuu mirkaneessaan. Akkuma sa'ati reefu nama sammuu gaari qabuun tilmaamamte tolfamtee seeraan hoojattu san saganta isii san beekaan tolchetti seerri dachii teennaa kunis kan sagntaa gonkuma seera qabeessaan shallagamee tolfame tayuu, beekaan beeka hunda caalu shallage like bareechee tilmaame akkaa isiin seera murtaaye tooyatamuun tolchamuu ibsa. Ega seerri kun ufumaan tayee argameeree

## 2. Jalqaba Uumamaa (beginning of the universe)

Sayinsiin haaroyni Uumamni (Universin) jalqabbi qabaatu mirkaneessani jiru. Kuni hundee qu'annaan haroyni argate kan Universinn bal'ataa jiraatuu ibsurratti bu'urfateeti, osoo ufduub yeroo sanitti deebinee, uumamni kuni walitti kuufamaadha – kunimmo jalqabiinsi jeraachutti nu akeeka. Egaa jalqabiinsa uumamaa (univarsii) tiif ibsa sadii kennuutu dandayama, jarris:

1. Uumamni kuni homarrayyu hin argamne.
2. Uumani kuni ufumaa uf uume, takkii
3. Uumamni ni uumame.

Muuxannaan ilma nama wanti jalqaba qabu

Senionce ibsa lammafftis ilaalee, salphamatti wanti took osoo ufii hin jirree waa uumuu akka hindandeenne loogikimaan nimirkaneeffama. Ega yaada sadaffa qofa ibsa fudhatama qabu taasisa: waaqni hundaa ol tayee beekaan beeka hundaa olii beekomsa ufiitiin uumama kana uumuu nuuf mirkaneessa.

Namoonni gariin "Waaqa eennutu uume?" jedhanii gaafatuun nimala, Waaqni Rabbiin waa hunda uume waan uume hundarrayyuu adda, kanafuu iinnis waan isa uumu barbaada jedhanii yaaduun, yaada Uumaa laakkoysii isaanii

Reference: www.islamicpamphlets.com

hindhumne jira jechutti deemsisa, kunimmoo wanintaane, Rabbiin waa uume tokkocha fakkeenya hin qabne, kan uuma isaa kamittuunfakkaanne. Iinni daangeffama yerootiifi tilmaama argaa keennaatii oli. Uumamni /univarsi/ kamiyyuu isattii bikkamuu 9fakkeeffamuu, takki tilmaamamuu hin dandayuu, Waan Waaqni kan yeroma kamiyyuu jiruufi kan hin jalqabamin tayeef jechuu. Kanaafuu gaafiin : "Waaqa eennutu uume?" jedhuu sammutti fudhatama hin qabu.

## 3. Ergaa Rabii biraa Bu'e (revelation from God)

Kitaabni Islaamaa, Qur'aanni Jecha Waaqaa tayuu ragaaleen ifagalaan miraneessan heddutu jiran. Asi gaditti Ibsa waligalaa kan qabxii kana nuuf addeessan dhiyeessinee jira:

- Qur'aanni waggooti 1400 dura bu'e, baromsa Saayinsii kan yeroo sanitti eennuu beekuu hin dandeenne baay'ee ufkeessa qaba, kan beekkomsi Saayinsii Kan Rabbi Qur'aana keessatti ibsa kunniin yeroo asdhiyoo kana qofatti Saayintistoonni irra gayan. Fkn: Bishaan bu'ara (hundee jalqabaa) waan-ruuhii qabu hundaa tayuu, (Qur'ana21:30); Univarsii babal'ataa dhufuu (Qur'ana 51:47); Oorbiiti (sarara) Baatiifi Aduunis addaan addaan irra naannayan (Qur'ana 21:33)fi kkf.
- ufkeessaa qaba.
- Qur'aanni Waldhabiinsaafi Dogongora kamirraayyuu qulqulluu tayuu isaa.
- Qur'aanni tiiyfamuu isaati, kan akkuma dura bu'etti jechi hundi akka Arabeffaan nabi Muhammad (saw) irratti bu'etti ammas hundema bu'een sanirratti akkuma bu'eenitti afaanuma saniin jiru. Faalla kitaabota biraa afaan ittiin bu'aniin sanii akka yeroo waaqa biraa bu'aniitti argatuu hin dandeenne. Qur'aana qofatu afaan bu'een akkuma bu'etti ammas jiu tayuu isaa.
- Dhaamsa Salphaa Qulqulluu waliigalatti akka ilma namaa Uumama addunyaa /Univarsii/ kana keessa jiraatu hundaaf ergaa waaqa waa hundaa Oltayee Onnee namoota hundaa keessatti dabarsuuf Dandeetti addaa qabu tayuu isaati.
- Qur'aanni Nabi Muhammad (saw) kan seenaanis Akka nama barate hin-tayin beekkamurratti bu'uu isaati. Qur'aanni Ar'antanas Seera Afaani addaa kan taye, akkata Onnee namaa harkisu haala bareedaafi hariiroo qubeef-jechi qindeeffamee dhaamsa addaa itti dabarsu kan kitaaba kamirrayyuu gon-kuma adda tayerratti argama.

Yoo Waaqni ergaa /kitaaba/ namaafqajeelfama qabuu wahii buuse, kitaaba san keessatti waaqni jeraachuu dhaamsa ragaan mirkaneeffame argachuu akka qabnu eeguu qabna.

Namni maqaa ufiituu barreessu hin beeyne Qur'aana, Bareeduma kennama Afaan arabaa sagaleefi qindeeffama dhaamsa waaqaatiin tolfame kana yeroo sanitti Yoo Rabirra ittin bu'in eessaayyuu fiduu hin dandayu waan ta'eefi.

## Waaqni eennu?

"Allaah" jechuun Maqaa Waaqni haqaa Tokkochi qofti ittiin waamamu. Wanti kamiyyuu Isaan Alatti maqa kanaan hi yaamamu.

Jechii Allaha jedhu kuni akka afaan biro keessatti goofta gooftolee takki giiftiijechuun baa'yessuufi dhalaa ibsuufitti fayyadamnu seera deebifnuun hin qabu. Waaqa Tokkocha Haqaan Gabbaramu qofaaf Maqaa Allah jedhu kan wanti kamiyyu isa malee ittiin hin waamamne kana Islaamni qofti Rabbi gooftaa haqa tokkocha adda taye qofaaf fayyadamuun Islaamni Amantii Waaqa Tokkocha haqaatti amanuu Ibsa.

Bareedumni Amantii Rbbii haqaa Allaha qofaaf Masakamuu (Islaamummaa) kanaa, Amantiin kuni Qulqullummaa Xuriin qabne, Gon-kumaa guutuu ir'inna

hinqabne, Guddinna wahitti hin talmaamaneefi beekkomsa daangaan qabne Haala guutuu waaqa haqaa kan homattuu tilmaamane Allaha mootii haqaa tokkochaaf Baromsa Qulqulluu islaama keessatti Hallanyeessuu dha.

## Waaqni Tokkocha Adda Taye

- Waaqni Yagutoo, hiriyyaafii fakkaataa hin qabu.
- Waaqni Abbaaf Haadha, Ilmaa hintalaafi niiti hin qabu.
- Waaqa Haqaa Allaahaan Tokkocha hundinuu Isa Qofaaf Masakamuufi (gabbaruu/ibaaduu) qabuudha.
- Osoo Gooftaan heddu tayee, sila dadhabiinsa dandeetti waaqaa ibsa, waan seera mariitiifi waldorgomiinsa, edduu gooftolee birootiinis barbaachisuuf. Kuni hundinu haala ir'innaafi hanqii mul'isu. Haalli Allaha Waaq tokkocha haqaa ammo ir'inna hin qabu.

"Gooftaan keessan Waaqa tokkocha, Gooftaan biraa hin jiru Isa malee" Qur'ana 2:163

## Waaqni-Hundarratti Aangoo Qabeessa.

- Waaqni Waa hundarrattuu Aangoofi Humna Guutuu qaba.
- Wanti hundinuu guutumaan guututti Gabroota Isaati Isatti hajamti (irraa duroomu hin dandeettu).
- Karama kamiinuu Waaqaaf Masakamuun Aangoo isaan edaatu, Isa-diduunis gon-kumaa homaa irraan ir'iftu.

## Waaqni Haqaa akkaan Hundaayyuu Oltaye

- Wanti kamiyyuu kan Waaqaa Oltaye takki Isaan walitti qixxaaye tasumaa hin jiru.
- Amalaafii haalli Waaqaa Waan inni uume kamittuu hin fakkaatu.
- Waaqarra kamiin enyummaa isaa haala kamiinuu eennuttu hin mul'atu.
- Waaqni hanqinna (ir'inna, dadhabina) kamiyyu hin qabu. Daanga namaan daangeffamu hin qabu; fkn akka amantii biraa keessatti ibsan: heega uumaa (univarsi) uumee booda guyya torbaffaatti boqatuu fa'a hin qabu. Inni Kanarraa qulqullaaye.

## Waaqni Gon-kumaa Haqaafi Hundaafuu Mararfataa (Rahmat qabeessa)

Waaqni eennuufu jedhe ufin wareegu cubbuu eennuutiifu jedhe ufin hin wareegu ennullee ammo cubbu wajji hin dhalanne.

Waaqni hundumayyu walqixxummaafi haqaan akkata hujii isaatiin murtii haqaa murteessa, hundinuu waan hojjaterraa nigaafatama.

Ilmi Namaa Eennunu Waaqa biratti walqixa, garaa-garummaan akkaata Amantii lassan waaqatti amananiifi Sodaa Isann waaqaaf qaban qofarratti malee Biyyoomaafi gosaaoomaan qooda sanyii namaatiifi qabeenyaatiin Rabbibiratti garaagarummaa hin qaban.

## Haalaafi AmalaJesus

Gariin obboleewwan keenna warri amantii kiristaana hordofan: "Jesus Waaqa, Gooftaa" jedhu- inni Waaqa Fakkeenya namaatiin dachirratti taye, Gooftaan suuraa namaatiin dachirratti dhalate Jedhu.

Haatayuu akka kitaaba baibilitti jesu nidhalate, ninyaata, nirafa nisagada beekomsi isaas daangeffamaadha. Haalaafi amalli kuni hundinuu waaqaan

hin malan. Gooftaan haqa Rabbiin ir'inna kamirraayyuu qulqulluudha dadhabiinsi ilmi namaatti argaman kanniin hundarrayyuu qulqulluudha. Namni guutinaafi qulqullinna kana hin qabu. Egaa akkamitti wanti tokko haalaafi amala walfalleessan yeroo takka keessatti qabaata? Kuni yaada duubatti hafa sammuun bilisaa namaan fudhanne.

Haa tayuu garuu namoonni gari gariin: heega gooftaan waa hunda dandaya taye maaliif waaqni nama tayuu hin dandeennee? Jedhanii gaafatuun ni mala. Seera Walii galteen fudhatama qabuu hunduma birattuu Gooftaan takki Waaqni Waan mishaa malee waan gadhee, haqa malee cubbuu hin hojjatu, kanaafuu osoo Waaqni nama tayee haalaafi amala namaa taasifate sana booda Waaqa haqaa gon-kumaa inuman tayu!

Akka amantaa Islaamaatti Yeroo waa'ee Waaqaatiifi Gooftummaa ibsamu waa'e Iisaa (Jesus) haalaafi amala isaa bal'innaan laaluun haqaa ragaandhaan mirkaneeffatuufi waaqa dhugaa guutinna ir'uun qabne qalbiin hubatanii ragaadhaan haqa beekuu irratti nama gargaara.

Dabalataaf, kitabicha baibili keessatti keewwata hedduu kan jesuus Isaafi Waaqni gara-gara /adda adda tayuu dubbate ibsamanii jiran. Fakennaaf: "fuula isaatiin kufee sagadee /waaqa kadhate/ (Mattewos 26:39). Osoo jesuus Waaqa tayee, tolee waaqni fuula isaatiin kufee sagadaa? Eennuuf sagada? Eennuun kadhata?

Gariin obboleewwan keenna kiristaanota ammoo: "Jesus Ilma Waaqaati" jedhu. Garuu kuni maal jechuudha? jennee ufhaa gaafannu.

Dhugama dhugaatti Waaqni Rabbiin haqaa haala ifa-galaattis haala ruuhiittis Ilma taasifatuu irraa qulqullaaye! Faalla amantii isaan yaadan kanaa kitaab baibil durii keessatti hima "Ilma waaqaa" akka afaan kitaabichaatti "nama gaarii" ibsuuf itti fayyadama. Kitaaba muusaa Tawraat /Old Testimanti? Guutu isaa keessatti namoota gaarii hedduuf itti fayyadame jecha "Ilma waaqaa" jedhu kana fakkenyaaf Daawud, Salamoon fi Isra'el fis Jessuus qofaa hin jedhamne.

"... Isra'el Ilma kiyya kan hangafaatii" (Exodus 4:22) iini kuni fakkenya tokko fayyadama sanii nuuf ibsu.

Baromsi Amantii islaama waayee Jesuus dhugamatti eennu akka inni taye addeessee ibsa. Qulqullummaa Haqa Waaqa tokkocha fakeenya hin qabnee raga shakki hin qabneen mirkaneessa.

Jesuus Nabiyyii Filatamaa Waaqni Dhaamsa Goofta Haqaa Allaha tokkocha haqaan akka gabbaran haa barsiisuuf erge. Ilma Maryam, Ergamaa Rabbiitayuu Isaa Ibsa.

## Waaqa qofatu yagutoo tokko malee kophaa gabbaramuu haqa godhata.

"Allahama qofa ibaada/gabbaraa/ homaatuu isatti hin dabalinaa" Qur'aan 4:36

"Allahaaf Ilma Tasifatuun Isaan Hin malle, Inni Ilmatti Hajamurraa Qulqullaaye" Qura'ana Sura Meryam: 35

Haala wahii tayee, qabrii tayee, aduu, baatii, horii, nabiyyi, malaa'ikaa, bulchaa takkii abbotii amantii taate wanti kamiyyuu raabbiin ala takki Rabbi wajji kadhatamuu ibaadamuu hin qaban.

Islaamni cuftummaan seerri tajaajilaa/ ibaadaan fi saganni Rabbii haqaa qofaaf tayuu akka qabu barsiisa. Isamalee ennuuyyu ibaadamuu haqa hin godhatu. Kunniin hunduu uumamtoota; aangoon isaaniis murtaayaadha, ir'uu guutinna hin qabne, garuu Rabbiin Aalamaa Qulqulluu Guutuu Dandayaa Dadhabina hin qabne.

## Waaqni eedu deema tokko malee ibaadama.

Waaqni yagutoo hi barbaadu, eddu deemaafi turjumaannis hin jiru. Eennullee yeroma kamiyyuu kallattemaan waaqatti haaja ufii himata, kallattemaan isa ibaada Rabbiin haarka waan biraa irra ibaaduun (akka karaa waan addaatiin, namoota adda addaatiin jaarsummaa ergataa isaatti dhiyaadha jechuun tokkochummaafi guutina inni gargaarsa ennuutiinu ala hunda taasisu shakkuutti illallama, hundumaa Rabbi nidhagaya ni arga nibeeka. jaarsummaa ergatuun Isaa Rahmat qabeessa kees hundaa beeku caala akkawaan kan sitti aanu jiruu, karaa faallaatiin karaa qajeelaa filatuudha.

## Cufti Ergamtoota Waaqa tokkocha gabbaruutti uummata isaanii waamaa.

"Nuti (Waaqa) dhugamaan ummata hundattuu, 'Allaha qofa gabbara gooftolee sobaa gabbaruu dhiisaa' jenneeni ergama ergine." Qur'aana 16:36.

Muslimni (Rabbiif Masakamaan hundi) Nabiyyota Rabbiin erge hundattuu ni amana. Nabiyyoota kanniin : Adam, Nuuh,Abrahim, Mose, Jesusi fi Muhammadin Dabalate kan hafanis hundi isaaniitu ergaa waaqa muummitti: (Isa malee Goofta biro hinqabdanii; Allaha Waaqa tokkocha haqaa qofa gabbara) jettu qabatanii dhufan.

## Kaayoon jiruu tanarratti Uumamneefwaaqa gabbaruufi.

Kaayoon muummittiin Rabbiin jiru tanarrtti nu argamsiiseef, tokkochummaafi guddinna rabbi mirkaneessuun, hariiroo kallatteedhaan isa walitti hidhatuufi isuma qofaa akka gabbarruufi.

Waaqa gabbaruun akka islamummaatti sagadaafi ibaada beekkamtoota hojjachu qofaa miti. Kanniinirratti dabalataan cufuma Waan Rabbi jaalatu kan inni namarraa qeebalu, kan ergamaan isaa irraatti nu akeekan hundumaa qixxisa. Akka Amala gaggaarii qabatuu, amanama tayuu, haqaan murteessuufi haquma dubbatu, Obsa qabaatuufi rakkata gargaaruu kkf.

Walumaa galatti

Xumurri barruu teennaa: Bu'uraafii Hundeen Amantii Rabbi qofaaf Masakamuu (Islaamummaan) kuni Waaqa tokocha haqaa kan gon-kumaa uumaa isa cufarraa adda tayetti amanuu, Rabbiin waa hundaa oltaye Uumaan uumamtoota jireenna duniyaa /kana isa qofatu uume. Isuma qofatu gabbaramuu haqa godhata, kophama isaa homa isatti osoon yagutoomsin Rabbii haqaa gabbaruun ergee yeroo jalqabaa Adamirra eegalee hamma Ergamaa xumuraa, Goolabaa Nabiyyoota Rabbi kan Taye Muhammad (nagayaafi Rahmanni Rabbii Isaanirratti haa jiratuu) walitti fufuun Rabbiin Ummataaf dhaame. Waqni haqaan Uumama (universi) kana kophaa ufii dhabamarraa argamsiisee uume; kophama gabbaramu haqa godhata, amantaan keenna kana, akka huji Waaqaaf qulqulleesse hojjateefi akka waaqa didee cubbuu hojjateen borus murtii fudhatuu deema cufti namaatuu. Kuni Amantii Waqaaf Masakamuuti 'Islaamummaa'.

Sha'abaana: 23/1435h.; Fab:25/2015
Afaan Oromiffaatti namni hiikee Komputaraan barreessee qopheesse:
Gabricha Rahmata Rabbii isaatitti hajamu/ AHMAD ABUBAKAR ABDULLAHI al-Aruusiyyi Al-Kanshuusiyyi
IACAD – Dubai keessatti Akeekaa1ffaa.

www.islamicic.com WhatsApp +97156 2042 045
+971 4 3555 223 info@islamicic.com 25020 Dubai - UAE islamicicdxb

DONATIONS VIA SMS: SEND THE WORD "ISLAM" TO
10 AED 2289 Etisalat Du
50 AED 2252 Etisalat Du
100 AED 6027 Etisalat Du